Journal of Universal Sciences and Technology,
Vol: 2 (2). P: 86-101, July 2023
Available online: http://just.dadu.edu.et
Research Article

Xiinxala Gahee Mammaaksota Oromoo Sirna Jaarsummaan Waldhabdee Furuu Keessatti Mammaakamanii: Galumsa Isaaniin

Magarsaa Dhinsaa

[1]Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Dhaabbata Qu'annoo Afaaniifi Gazexeessummaa, Yuunvarsiitii Wallaggaa; Naqamtee, Itoophiyaa
E-mail: megersaabeye@gmail.com

AXAREERA

kaayyoon bu'uuraa qorannoo kanaa gahee mammaaksonni Oromoo waldhabdee furuu keessatti qaban xiinxaluun addeessuudha. Ka'umsi qorannichaas, hanga qoratichi sakattaa geggeessetti addemsa jaarsummaan waldhabdee furuu keessatti mammaksonni galumsa garaagaraa bu'uureffachuun mammaakaman gahee maalii akka qaban qorannoon addeessse dhibuudha. Qorannoon kun qorannoo sanyaabsa sakattaa (survey ethnography) yommuu ta'u, maddeen ragaalee qorannichaas maddeen ragaalee tokkoffaa ta'anii isaanis jaarsolii biyyaa (jaarsolii araaraa)dha. Malleen iddatteessuu itti dhimma ba'amanis mala akkayyoo (purposive sampling)fi darbaadabarsaa (snowball sampling) yommuu ta'an, baayyinni waliigalaa iddattoo qorannoo kanaas raghimtoota ja'atamii shan (65)dha. Malleen funaansa ragaalee itti dhimma ba'aman immoo: daawwannaa (daawwannaa al-himaachisa), afgaaffii (afgaaffii al-caaseffamaafi caaseffama gammisaa)fi mariigaree xiyyeeffannoodha. Ragaaleen funaanamanis yaadiddama ijaarsa hawaasummaa (social constructionist theory) bu'uureffachuun mala akkamtaa ibsaan xiinxalamaniiru. Argannoowwan bu'uuraa qorannoo kanaas: mammaaksonni adeemsa waldhabdee furuu hawaasaa jaarsummaarratti mammaakaman humna qaamota waldhaban akeekkachiisuu, ifachuu, safuu barsiisu, qeequu, miiraa tasgabii isaan keessatti uumuufi sadarkaa madda waldhabdee qaamota waldhabanii gadi buusuun, yookaan laaffisuun ibsuu olaanaa kan qabanidha. Akkasumas, murtoo jaarsaa safeeffachuun waldhabdee ofii furachuun safuu jiruufi jireenyaa hawaasummaa hawaasaa akka ta'e kan ibsanidha. Dabalataanis, humna miidhaafi balaa araara diduun jiruufi jireenya hawaasummaarratti, dinagdeerrattiifi gama siyaasaan fiduu danda'uu addeessuu olaanaa kan qabanidha.

Jechoota ijoo: *jaarsummaa, mammaaksota, Oromoo Maccaa, waldhabdee, waldhabdee furuu*

How to cite: *Magarsaa Dhinsaa (2023). Xiinxala Gahee Mammaaksota Oromoo Sirna Jaarsummaan Waldhabdee Furuu Keessatti Mammaakamanii: Galumsa Isaaniin. Journ. Univer. Scien & Techn.. Vol: 2(2). P86-101.*

SEENSA

Jecha waldhabdee jedhu hayyoonni galumsa garaagaraa bu'uureffachuun hiika, yookaan ibsa adda addaa kanneen akka: walitti bu'iinsaa, walfalmii cimaa, waliigaltee dhabuu *(serious disagreement)*, lola *(fight*) fi waraana *(war)* kennuufiin waljijjiiruun itti dhimma ba'u. Yaaddonni haalaawaa akka hiikanittis, waldhabdeen qaamolee garaagaraa gidduutti waliigaltee dhabuu irraa kan ka'e walitti bu'iinsa uumamudha (Bercovitch, 1990). Waldhabdeen adeemsa fedhiifi kaayyoo ofii galmaan ga'achuuf taasifamu keessatti walitti bu'iinsa qaamalee, yookaan garee wayii gidduutti uumamudha (Fisher, Ludin and Williams, 2000).

Akkasumas, waldhabdeen walitti bu'iinsa, yookaan lola yoo xiqqaate qaamota lama gidduutti kaayyoolee waldhiitaniifi walhinsimne qabaachuu irraa kan ka'e, abbummaa qabeenyaawwan garaagaraa irraa kan ka'ee, eenyummaa bu'uureffachuuniifi giddu-seentummaa hinbarbaachifne qaamni biraa qaamota ta'e irratti taasisu irraa kan ka'e uumamudha (Wilmot and Hocker, 2007). Yaada barressitoota kana irraa hubachuun akka danda'amutti, waldhabdeen kan inni uumamu qaamota lamaafi isaa ol gidduutti ta'ee dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa ilaalchisuun ta'uu akka danda'udha.

Hawaasni addunyaa kanaa tooftaalee waldhabdee furuu aadaawaa ta'e mataa mataa isaatii niqabata. Malleen waldhabdee furuu hawaasaa kunis, duudha hawaasichaa, finnummaafi walitti dhufeenya kan bu'uureffatanidha (Mapara, 2009). Itoophiyaa keessatti, malleen waldhabdee furuu garaagaraa sabaafi duudhaa bu'uureffatan kan jiran yommuu ta'u, keessumaa hawaasni baadiyaa waldhabdee isaan gidduutti uumamaa oolu qaamolee seeraa mootummaaf gabaasuu caalaa malleen waldhabdee furuu aadaawaan furatu (Gowok, 2008).

Uummanni Oromoo Sirna bulchiinsa Gadaan beekamus waldhabdee sababoota garaagaraan hawaasa keessatti uumamu malleen aadaawaa garaagaraatti dhimma ba'uun furachuun daran beekamaadha. Malleen waldhabdee furuu aadawaa uummanni Oromoo qabu garaagaraa kanneen akka: mana murtii aadaa, Qaalluu, dhabbata amantaa, Ateetee, yookaan Siiqqee jedhamanitti dabaluun jaarsummaan isa olaanaafi bal'inaan beekamaadha. Uummanni Oromoo Waldhabdee gosa kamiiyyu furachuuf jaarsummaatti kan dhimma ba'aa tureefi jiru yoo ta'u,

jarsummaan kan inni adeemsifamus Abbootii Gadaa, jaarsolii biyyaa, yookaan jaarsolii araaraa qaamolee jedhamuun beekamaniinidha.

Jaarsummaan mala aadaawwan waldhabdee furuu Oromoo keessaa tokko ta'ee, kan namoota beekumsa aadaa, beekumsa seenaafi beekumsa dhimmoota biroo qabaachuun beekaman jaarsolii biyyaa jedhamuun filatamanii hawaasa keessatti beekamaniin raawwatamudha (Mamo, 2006). Akkasumas, jaarsummaan angoon mana murtii maanguddoota biyyaa, yookaan jarsolii biyyaati (Araba and Birehanu, 2008). Jarsummaan mala waldhabdee furuu aadawaa maanguddootaan (jaarsolii biyaan) raawwatamuufi uummata Oromoo mara biratti daran beekamu ta'ee kan waldhabdeewwan xixxiqqoos ta'e waldhabdeewwan walxaxaafi ulfaatoo kamiyyu furuuf itti dhimma ba'amudha. Uummata Oromoo biratti jarsoliin biyyaa itti gaafatamummaa nageenya hawaasaa eeguu kan qaban yoo ta'u, waldhabdeewwan garaagaraa sadarkaa namoota dhuunfaa gidduuttis ta'e sadarkaa gareefi hawaasaatti uumaman atattamaan qooda fudhachuun jarsummaan furu (Malan, 1997).

Jaarsummaan waldhabdeewwan sasalphoorraa kaasuun hanga kanneen ulfaatoo ta'anii akka: gumaa, duguuggaa sanyii raawwatameefi kanneen biroo furuuf mala waldhabdee furuu itti dhimma ba'amudha. Jaarsummaan kan inni adeemsifamus jaarsolii seera aadaa hawaasaafi safuu hawaasaa sirriitti beekan, giddu-galeessummaa loogii hinqabneefi dandeettii dubbii amansiisuu qabaniinidha. Jarsoliin kunis, jarsolii biyyaa, jarsolii araaraa, yookaan jaarsolii jedhamuun hawaasa biratti beekamu (Dejene, 2002). Uummanni Oromoo uummata aadaa boonsaa qabu, aadaa isaa kanas tikifatee dhalootaa dhalootatti dabarfate yoo ta'u, aadaan mala waldhabdee furuu isaa jaarsummaanis isa tokkodha. Jaarsummaan mala waldhabdee furuu qindaa'ina olaanaa qabu, waldhabdeewwan sadarkaa kamiiyyuu kan ittiin furatu maanguddota, yookaan jaarsolii biyyaa hubannoo sirna Gadaa qabaniin kan raawwatamudha (Asmarom, 2000).

Adeemsa jaarsummaan waldhabdee furuu keessatti tooftaaleen dubbii fixuu jaarsoliin biyyaa jaarsummaa taa'an gargaaraman keessaa tokko gooroowwan afoolaa garaagaraa galumsoota garaagaraa bu'uureffachuun himudha. Gooroowwan afoolaa yeroo baayyee jaarsummaa irratti himamanis kanneen akka: mammaaksotaa, durduriiwwanii, seenduriiwwanii,

ragamtaalee, tabaalliiwwaniifi baacoowwaniidha. Gooroowwan afoolaa himan kanattis dhimma ba'uun dubbii isaaniitti humna taasisu, miiraa aarii dhabamsiisuun bo'aarsu, kan balleesse, yookaan yakke ittiin qeequ, barbaachisummaa araaraa addeessu; akkasumas, safuu jiruufi jireenyaa hawaasa isaanii barsiisu, yookaan hubachiisu.

Qorannoon kunis, gooroowwan afoolaa keessaa gahee mammaaksonni Oromoo waldhabdee furuu keessatti qabanii irratti kan xiyyeeffatedha. Sababiin gooroon afoolaa kun (mammaaksi) filatameefis gooroowwan afoolaa biroo caalaa bal'inaan kan jaarsummaarratti itti dhimma ba'amu waan ta'efidha. Kunis, akkuma Dorson (1972) mammaaksi himoota unkaa gagabaaboofi caasaalee qindaa'oo qaban jireenya guyyuu hawaasaa keessatti itti dhimma ba'amaniifi humna barsiisuu olaanoo qabanidha jechuun ibsu unkaan isaanii gabaabaa ta'uufi humni barsiisuu isaanii olaanaa ta'uurra kan ka'edha. Mammaksonni himamsoota sadarkaa olaanaan unkaa dhabbataa qaban, gabaabina himaan beekamaniifi dhugummaa yaada isaaniin fudhatama olaanaa hawaasa isaanii biratti qabanidha.

Mammaksonni dhugaa ta'uu yookaan dhugaa bakka bu'uu dhiisuu danda'u, garuu barsiisa namoonni akka qajeelfama jireenyaatti fudhatan ofkeessatti qabatu (Kerschen, 2012). Mammaaksi bareedinaa dubbiifi dubbii qolaa ta'ee dhugaa muuxannoo jireenyaa irraa madde tokko kan ibsudha. Dhugaan mammaaksa keessaa kunis loojikaawaa ta'uun isaa guutuu ta'uu baatus ragaalee qabatamoo irraa kan maddudha. Dhugaan qabatamaan kunis, hariiroo hawaasa gidduu, hawaasaafi addunyaa naannoo isaa gidduu jiru irraa kan dhalatudha (Yisa, 1997).

Mammaaksi qaama afaaniifi qaamaa hawaasaati. Kana jechuunis, mammaaksi afaan hawaasni tokkoo ittiin karaa gabaabaafi xaxamaa walqunamu ta'ee jireenya hawaasa tokkoo keessaas oguma hindhibamnedha. Mammaaksi hawaasa keessa, hawaasni immoo mammaaksa keessa jiraata (Omolewa, 2007). Mammaaksi hima beekamaa *(popular),* gabaabaa, filatamaafi hiikaa gadifagoo qabu ta'ee, muuxannoo jiruufi jireenya hawaasaa irraa kan maddudha (Coyle, Garside and Peck, 1991). Bifuma walfakkaatuun, Mieder (2004) immoo mammaaksi kalaqa hawaasaa uunkaadhaan gabaabaa hiikaan garuu gadifagoo hawaasaan yaadatamu, oguma dubbii dhugaa dhimma dhuudhaa ofkeessatti

qabateefi kan dhaloota irraa dhalootaatti darbaa deemudha. Akkasumas, mammaaksi beekumsa aadaa tokko keessatti dhimmi tokko gaarii, yookaan badaa ta'uu isaa ittiin adda baafannuudha jechuun barreessaan kun ibsee jira.

Kanneen malees, mammaaksonni ibsoota odeeffannoo guutuu dhugummaa qaban hammatan, kan muuxannoo jireenyaa kallattii garaagaraa irraa maddanidha (Borua, 1962). Akkasumas, mammaaksonni bareewwan hawaasaa baroota keessatti unkaalee dhaabbatoo qabanidha (Coffin and Cohen, 1966). Mammaaksonni ogumaalee dubbii jireenya guyyuu hawaasa tokkoo keessatti himaman ittiin dubbiin miyeeffamu, iciiteffamuufi ciicanni kennamudha (Finnegan, 2012).

Mammaaksonni himoota gaggabaaboo muuxannoo yeroo dheeraa irraa dhalataniifi galumsa keessatti mammaakaman bu'uureffachuun hiik-danuu qabanidha (Berhanu, 1986). Bifuma walfakkaatuun, Fayemi (2008) mammaaksi tokko uumama isaan hiika dhabbaataa tokko kan qabu osoo hintaane haala keessatti mammaakame mal-dhahachuun kan hiika garaagaraa dabarsudha. Akkasumas, mammaaksonni humna amansiisuu kan ofkeessaa qabaniifi yeroo baayyees gaaleewwan dipiloomaasii *(diplomatic phrase)* jedhamuun kan beekaman, uumama isaaniinis humna dubbii gabaabsuu, dhimmoota darban irratti murtii kennuufi tarkaanfii gara fuulduratti fudhatamuu ilaalchisanii immoo yaada kennuu kan qabanidha.

Walumaagalatti, yaada barreessitoota kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, mammaaksi oguma hawaasaa unkaa gabaabaan dhihaatu ta'ee, kan hiika gadifagoofi iciiteffamaa qabu, kan hawaasni dubbii taasisaa jiru tokkoof ofitti hawwatummaafi humna kennuuf himudha. Akkasumas, mammaaksi kalaqa hawaasaa afaan olaanaatti dhimma ba'amuun dhihaatu, kan jireenya guyyuu hawaasaa keessaas hindhabamnedha. Oromoo birattis, mammaaksonni gooroowwan afoolaa isaa keessaa isaan bal'inaan jireenya guyyuu isaa keessatti itti dhimma ba'aman ta'anii, kan humna barsiisuu olaanaa qabaniifi yeroo baayyees dubbii gabaabsuuf, iciitomsanii dubbachuuf, dubbii fixuuf, yookaan dubbii fiduuf itti dhimma ba'amanidha.

Qoratichis qorannoo isaa mataduree eerame kana irratti akka geggeessuuf dhimmoonni isa kakaasanis muuxannoo gooroowwan afoola Oromoo garaagaraa sirna raawwii duudhaalee garaagaraa irratti itti dhimma ba'aman funaanuun xiinxaluu irratti qabuufi

hanga qoratichi sakatta'iinsa geggeessetti qorannoon dhimma kanarratti geggeeffame kan hinjirre ta'uudha.

KAAYYOLEE QORANNICHAA

Qorannoon kun kaayyolee gooree armaan gadii galmaan ga'uurratti xiyyeeffachuun kan adeemsifamedha.

1. Galumsoota, yookaan haalaawwan mammaaksonni Oromoo sirna raawwii jaarsummaarratti mammaakamanii keessatti dhalatan (mammaakaman) addeessuufi

2. Gahee mammaaksonni Oromoo adeemsa raawwii jaarsummaarratti mammaakamanii qaban xiinxaluun ibsuudha.

MALLEEN QORANNICHAA

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti dhimma ba'amuun adeemsifamee jira. Sababiin isaas, ragaaleen funaanaman lakkoofsaan ibsamuufi safaramuu kan danda'an osoo hintaane jechaan addeeffamuuf kan mijatanidha. Gosoota qorannoo akkamtaa keessaas qorannoon kun qorannoo sanyaabsaa; addaan immoo sanyaabsa sakattaadha. Paraadaayimiin qorannoon kanaas paraadaayimiin ijaarsaa *(constructivism paradigm)* yoo ta'u, kunis, akkuma Creswell, (2009) paraadaayimiin ijaarsaa beekumsa hawaasaa ijaaramee jiru beekumsa dabalataan dhugoomsuuf kan gargaarudha jechuun ibsee jiru, qorannoon kunis qorannoo dhimma beekumsa hawaasaa qoratu waan taheef paraadaayimiin kun bu'uureffatame.

Qorannoon kun kan adeemsifame Goodina Wallagga Bahaa irratti ta'ee, aanaalee Goodinnicha keessatti argaman keessaas Aanaa Haroo Lummuufi Aanaa Giddaa Ayyaanaa irrattidha. Goodinniifi aanaaleen kunniinis mala akkayyoon filataman. Sababiin Goodinniifi Aanaaleen kunniin filatamaniifis hubannoo duraan qabuufi sakatta'a dabalataa qoratichi dursee taasiseen bakka itti sirni jaarsummaan waldhabdee furuu daran hojiirra oolaa jiru waan ta'eefidha.

Ragaalee qorannoo kanaas kan isaan funaannataman maddeen ragaalee tokkoffaa irraa yoo ta'an, isaanis, jaarsolii biyyaa, yookaan jarsolii araaraadha. Walumaagalatti, jaarsolii biyyaa ja'atamii shan (65) irraas ragaaleen funaannatamanii jiru. Sababiin jarsolii biyyaa filatamaniifis, akka bakkeewwn qorannoon kun irratti adeemsifameetti, jaarsummaan waldhabdee furuun kan inni raawwatamu qaamota kanaan waan ta'eefidha. Malleen

iddatteessuu itti dhimma ba'amuun raghimtoonni kunniin filatamanis mala akkayyoofi mala darbaadabarsaadha.

Malleen funaansa ragaalee itti dhimma ba'aman immoo daawwaannaa (gosa daawwaannaa al-hirmaachisaa), afgaaffiilee (afgaaffiilee al-caaseffamoofi caaseffamoo gammisaa)fi mariigaree xiyyeeffannoodha. Daawwannaa taasifame ilaalchisee, walumaagalatti jaarsummaan toorba (7) kan daawwatame yoo ta'u, jaarsoliin biyyaa soddomni (30) immoo mala akkayyoon filatamuunis afgaaffiin waliin adeemsifamee jira. Akkasumas, gareen 6 miseensota 8–12 qabu ijaaruun mariigaree waliin taasifameera. Ragaaleen kennamanis, waraabbii sagaleen, suur-sagaleefi yaadannoo qabachuun fudhatamanii jiru. Ragaaleen fudhatamanis, qajeelfamoota ragaalee barreeffamatti jijjiiruu Creswell, (2012) bu'uureffachuun barreeffamatti erga jijjiiramanii booda malleen xiinxala ragaalee akkamtaa keessaa mala ibsaan xiinxalamanii jiru.

Xiinxala Ragaaleefi Argannoowwan

Gooroowwan afoolaa haala keessatti himaman irratti hunda'uun gaheewwan garaagaraa kan qabanidha. Qorannoo kunis, gaheewwan mammaaksonni Oromoo adeemsa jaarsummaan waldhabdee furuu keessatti mammaakaman qaban xiinxaluun kan addeessedha. Kutaa xiinxala ragaalee qorannoo kana keessattis, mammaaksota funaanamanii xiinxalaaf dhihaataniif qubeen 'M' akka bakka bu'aa isaaniitti argama, yookaan dhufaatii isaanii bu'uureffachuun lakkoofsa isaaniif kenname waliin itti dhimma ba'amee jira.

Yoomessoota bakkaa maanguddoonni Oromoo Maccaa keessatti gooroowwan afoolaa garaagraa himan keessaa tokko sirna raawwii jaarsummaa irrattidha. Gooroowwan afoolaa himamanis dhimma araaraatiin kan walqabataniifi ergaa humna waldhabdee furuu ofkeessaa kan qabanidha. Yeroo baayyees yommuu araara diduufi murtoo jaarsolii fudhachuu diduun qaamota (namoota) waldhaban sana biraa cimee mul'atu himu. Ragaaleen qorannoo kanaa (mammaaksonni) malleen funaansa ragaale garaagaraan, keesumaa daawwannaan funaanamaniifi xiinxalli isaanii adeemsifame akka itti aanee jiru kanas ta'a.

"Waa sadii naa gadi jette sareen:

kan jaarsa jaarsummaaf taa'e araara didu;

kan nyaatee natti hin darbatiin hafu;

kan ani dunnaan qee isaaf hin damaqne naa gadii jette" jedhan (M-1).

"*Jaarsaafi eeboo dura hin dhaabatanii" jedhan* (M-2).

Mammaaksonni kunniin (M-1, M-2) daawwannaa qoratichi (03/12/2022) sirna raawwii jaarsummaa irratti argamuun taasiseen kan himaman yoo ta'u, haalli isaan keessatti himamanis namoonni waldhaban lamaan jalqabarraa kaasanii yaada jarsolii safeeffachuu dhabuun murtoo isaan kennan kan dhumaas fudhachuu diduu isaaniifi dubbiis walxaxaa taasisuun araara didanii jaarsolii miira aarii keessa galchuu isaaniidha. Haata'u malee, akkuma mammaaksonni kunniin jaarsolii garaagaraan itti mammaakamanii dubbiin gabaabaan mammaaksota kanneen jabeessu taasifameen kanneen waldhaban sana keessaa tokko yaadaa isaa jijjiiruun "Egaa haata'u, dhiisuun gaariidhaa nan dhiisaa, na ofkolchaa!" jedhee murtoo jaarsolii fudhate. Inni biroonis akkasuma "Egaa anis kan isin dhiisi jettan nan dhiisa; kan sin kiisi jettanis nan kiisa" jechuun yaada isaa jijjiiree murtoo jaarsolii fudhachuun kan waldhabe sana wajjin araara buuse.

Kanarraa ka'uun, gaheen mammaaksonni kunniin jaarsummaa sanarratti mammaakamuun isaanii buusee jiru namoota waldhabanii turan, yaadaafi murtoo jaarsolii fudhachuu didan sana ifachuun, akeekkachiisuun, safuu hawaasaa barsiisuun, akkasumas, akka ofmadaalan taasisuun murtoo jaarsolii fudhachuun akka araaraman taasisanii jiru. Gaheewwan isaanii kunniinis kan isaan maddan ergaa isaanii irraa yoo ta'u, ergaan M-3 namni murtoo jaarsolii araaraa didu yookaan jaarsa araaraaf taa'e araara didu nama kabajaan hinmalleef, akkasumas, nama safuu hinqabne akka ta'e kan addeessudha. Ergaan M-4 immoo jaarsi abbaa murtii qajeelaa waan ta'eef, murtoo jaarsolii jala dhaabbachuun, yookaan dubbii jaarsolii araaraa fudhachuu diduun balaafi miidhaa guddaa kan qabu ta'uudha.

Bifuma walfakkaatuun, sirna raawwii jaarsummaa (03/19/2022) adeemsifame irratti argamuun daawwannaa qoratichi taasiseen goorwwan afoolaa garaagaraa kan himamanii jiran yoo ta'u, kanneen keessaa mammaaksonni armaan gadii (M-3, M-4) isaan tokkodha.

"Bishaan tulluu ga'ee,
Karaan mana ga'ee,
Dubbiin jaarsa ga'ee dhaabbataa" jedhan (M-3).

Dubbii jallate jarsa qajeelcha, saala jallate immoo harree qajeelchaa jedhan (M-4).

Mammaaksonni kunniin, jaarsummaa waldhabdee namoota lama gidduutti uumamee furuuf jaarsoliin biyyaa taa'an irratti kan mammaakaman yoo ta'an, haalonni, yookaan galumsoonni mammaakamuu mammaaksota kanaaf sababa ta'anis qaamonni waldhaban sun yaadaafi murtoo jaarsolii faccisuufi fudhachuu diduu isaanii ture. Akkasumas, yaada jaarsolii safeeffachuufi fudhachuu diduu qaamota waldhaban sanaarraa kan ka'e jaarsoliifi namoota waldhaban sana gidduutti dubbiin finiinuun sadarkaa olaanaarra ga'uun galumsa isa biroo mammaakamuu mammaaksota kanneeniif sababa ta'edha.

Mammaakamuun mammaaksota kanneeniis qaamota waldhabanii turan yaadaafi murtoo jaarsolii fudhachuu didan sana keessatti miiraa naasuu uumuun miiraa tasgabbii akka qabaatan, jaarsolii dhaga'uu akka qaban, murtoo jaarsolii fudhachuu akka qabaniifi jaarsoliif abboomamuu akka qaban taasisanii jiru. Karaa biraan immoo aangoofi kabaja jaarsoliin araaraa qaban addeessuun qaamota waldhabdeen gidduutti uumamee ture sana ifachuufi akeekkachiisuun yaadaafi murtoo jaarsolii safeeffachuun gara araaramuutti akka dhufan taasisanii jiru.

Akkasumas, mammaaksonni kunniin waldhabdeen kamuu jaarsaan akka furamuufi qajeelu, jaarsa bira darbuu akka hindandeenye ibsuun kanneen waldhaban sanatti dheekkamuun akka murtoo jaarsolii fudhachuun araaramuu qaban taasisanii jiru. Gaheewwan isaa kunniinis, kan isaan maddan ergaa isaanii irraa yoo ta'u, ergaan mammaaksota kanaas waldhabdeen kamuu jaarsaan kan furamu ta'uufi murtoo jaarsaa fudhachuun dirqama jireenya hawaasummaa akka ta'eedha. Walumaagalatti, mammaaksonni kunniin (M-3, M-4) galumsa (haala) keessatti mammaakaman bu'uureffachuun gahee namoota waldhaban sanatti dheekkamuun, akeekkachiisuun, ifachuufi qeequun waldhabdee sana furuu ba'anii jiru.

Daawwannaa qoratichi (04/7/2022) raawwii sirna araaraa jaarsummaanii taasifame irratti argamuun taasiseen taateen armaan gadii kun raawwatamuu irraa ka'uun mammaaksi itti aanee jiru (M-5) kun mammaakamee jira. Waldhabdee namoota lama gidduutti uumame furuuf jaarsoliin biyyaa sagal (9) jaarsummaaf ta'anii; eebba taasisuunis eegalan. Jaarsoliin araaraas qaamota waldhaban sana irraa yaada isaanii erga fudhatanii booda, tokkoo tokkoo yaada isaanii irratti yaada kennan. Achiis, "Mee gurra nuuf hilaa!" jechuun akka isaan yeroo

muraasaaf qofaa turan gochuun dubbii buusanii baasanii erga xiinxalanii booda kan balleessaa qabu addaan baafachuun, adaba ni madaala jedhaniinis adaban. Haata'u malee, kan jaarsoliin irratti murteessanii adaban sun murtoo jaarsolii fudhachuu dide. Dallansuufi aariinis guutamees dhiisee deemuuf carraaqii taasise.

Jaarsoliin araaraas miiraa namichaa hubatanii adduma addaan isaatti dheekkamuufi isa ifachuutti ka'an. Kunniin itti dheekkamuun "Jaarsi kabaja qaba, jaarsa jaarsummaa taa'e irra hintarkaaniafatanii tasgabbaa'i" ittiin jedhu turan. Yeroo kana maanguddoota jaarsummaaf taa'an sana keessaa maanguddoon tokko harka walitti rurukkutaa "Mee gurra naaf ergisa! Mee mee takkaa gurra naaf kennaa; waa jechuun fedhee" jedhe. Namicha itti murtaa'ee miiraa dallansuu keessa jiru sana dabalatee jaarsoliin araaraa sun hunduu gara maanguddoo kanaa ilaalaa isa caqasuuf callisan. Jaarsi biyyaa sunis, akkuma qalbii isaanii argateen mataa raasaa mammaaksa armaan gadii (M-5) kana isaanitti mammaakee dubbii isaa jalqabe. Itti dabaluun, akkuma inni dubbii isaa xumureen jaarsi araaraa biroon dabaree dubbii fudhachuun innis mammaaksa mammaaksa kan isa duraa deggeru itti aanee jiru (M-6) kana dabalee mammaakuun dubbii isaa itti fufe.

"*Iji jaarsaa qara qottoo doomsaa" jedhan* **(**M-5).

"Jaarsi udaan nama nyaachisaa" jedhan (M-6).

Mammaakamuu mammaaksota kanaa (M-5, M-6)fi ibsa gabaabaa irratti taasifameen boodas kan murtoo jaarsolii didee ture sun falmii dhiheessuu irraa ofqusachuun miira tasgabbii keessa seene tasgabbaa'ee taa'e. Sababiin isaas, mammaaksonni kunniin humna aangoo jaarsolii ibsuu, ifachuufi akeekkachiisuu olaanaa ofkeessaa waan qabaniif; akkasumas, dha'amsa duudhaa jiruufi jireenya hawaasummaa hawaasaa barsiisuun kan dabalaman waan ta'aniifidha. Walumaagalatti, mammaakamuun mammaaksota kanneenii miiraa tasgabbiifi naamusa jaarsoliif abboomamuu kanneen waldhaban keessatti uumuun, akkasumas, akeekkachiisuuniifi ifachuun akka araara buusan taasisanii jiru. Gaheewwan isaanii kunis, ergaa isaanii irraa kan maddan yoo ta'an, ergaan isaaniis jaarsoliin araaraa hawaasa biratti kabajamoofi sodaatamoo waan ta'aniif murtoo isaanii kabajuufi fudhachuun dirqama hawaasummaa akka ta'eefi jaarsoliin araaraa angoo olaanaa

duudhaan hawaasichaa kenneef waan qabaniif safeeffatamuu akka qabanidha.

"Dubbii jaarsaa ganama didanii galgala itti deebi'anii" jedhan (M-7).

"Hima diddeen du'a hindiddu" jedhan (M-8).

"Namatti himu malee namatti hinhidhan" jedhan (M-9).

Mammaaksonni kunniin immoo (M-7, M-8, M-9) daawwannaa qoratichi (04/27/2022) sirna raawwii jaarsummaa irratti argamuun taasise irratti kan mammaakaman yoo ta'an, galumsi isaan keessatti mammaakamanis waldhabdeen uumame jaarsi furuuf taa'e kan garee lama gidduutti uumame yommuu ta'u, gareen lamaanuu murtoo jaarsaa fudhachuu diduun dubbii walhaaluu; akkasumas, yaada falmiifi faccisaa dhiheessuu isaaniidha. Falmiifi faccisni isaanii kunis miiraa aarii jabaa keessa jaarsolii galchuu irraa kan ka'e jaarsoliin gooroowwan afoolaa garaagaraa akka mammaaksotaafi durduriiwwanii himuun qaamota waldhaban sana balaaleffachuu eegalan.

Mammaaksonni kunniin (M-7, M-8, M-9) haala kana keessatti kan mammaakaman yommuu ta'an, akkuma jaarsoliin garaagaraa mammaaksota kanneen mammaakaniin; jaarsolii biroon immoo yaada mammaaksota kanneen jabeessan irratti kennan. Kanaa booda, gareen lamaanuu miira naasuufi rifannaa keessa seenuun falmii taasisu irraa ofqusachuun miira tasgabbii horatan. Kunis, mammaaksonni kunniin humna dheekkamuu, akeekkachiisuu, balaaleffachuu, balfuu, ifachuu, qeequufi tuffachuu olaanaa waan ofkeessaa qabaniifidha. Ergaan ijoon mammaaksota kanaas yaada jaarsaa fudhachuu diduun miidhama guddaaf nama saaxiluu akka danda'udha.

"Xurii nafaa bishaantuu baasaa, Xurii garaammoo jaarsatu baasaa" jedhan (M-10).

"Kan namaa dhiiseef rabbituu dhiisaa" jedhan (M-11).

Mammaaksonni kunniin (M-10, M-11) qaamota waldhabdeen gidduutti uumame sana keessaa miidhamaan, yookaan kan dhugaa qabu kan isa miidhe sanaaf dhiifama gochuu dadhabuu irraa ka'uun mammaakame. Akkuma mammaaksonni kunniin mammaakamaniifi dubbiin gabaabaan mammaaksota kanaan walqabataniifi ibsi mammaaksota kanneenii taasifameen garuu qaama isa miidhe sanaaf dhiifama gochuun nagaa buusee araarame.

Kun immoo mammaaksonni kunniin humna dhiifama gochisiisuu, dubbii akka dhiisan taasisuu, dubbii dagachiisuufi haaloo qabachuun badaa ta'uu ibsuun araara buusuun barbaachisaa akka ta'e addeessuu olaanaa qabaachuu isaanii agarsiisa. Walumagalatti, mammaaksonni kunniin gahee haaloo, mufiifi quuqama qalbii namicha yakka hinqabnee keessaa baasuu taphachuun araarri akka bu'u taasisuu olaanaa ba'anii jiru.

"Farda luugamaan qabanii dubbiimmoo jaarsaan qabanii" jedhan (M-12).

"Waan Jaarsi mureefi kan waaqni mure hindidanii" jedhan (M-13).

Mammaaksonni kunniin (M-12, M-13) immoo daawwannaa qoratichi sirna raawwii jaarsummaa (05/12/2022 adeemsifamee irratti argamuun daawwate irratti kan mammaakaman yoo ta'an, haalli isaan keessatti mammaakamanis qaamota waldhabdeen gidduutti uumame keessaa tokko murtoo jaarsolii fudhachuu diduun dubbii babal'isuu isaa, jaarsolii araaraa falmuufi yaada isaanii fudhachuu diduun faallessuufi dubbii haaluu isaadha.

Mammaaksota kanneen itti mammaakuun, dubbii gabaabaa mammaaksota kanneen jabeessuufi ibsa gabaabaa waldhabdee isaaniin walqabsiisuun erga itti kennanii booda garuu murtoo jaarsolii fudhachuun araaramuu danda'ee jira. Kunis, mammaaksonni kunniin jiruufi jireenya hawaasumaa hawaasa tokkoo keessatti angoo jaarsi araaraa qabu olaanaa ta'uu ibsuun waldhabdeen jaarsa bira darbu kan hinjirre ta'uu; akkasumas, mammaaksonni kunniin humna ifachuun qajeelchuu waan ofkeessaa qabaniifidha.

"Ta'umsa baduun dhudhuuftuu nama godhaa" jedhan (M-14).

"Dhamaatuun dhama raaftee weesootuu na didee jetti" jedhan (M-15).

Mammaaksonni kunniin mariigaree adeemsifame irratti kan mammaakaman yoo ta'an, akka raghimtoonni sun jaarsummaan walqabsiisuun ibsanitti, mammaaksonni kunniin kan isaan mammaakaman namoonni waldhaban jaarsi araarsuuf jaarsummaa taa'e yaada jaarsolii kabajuu yommuu didaniifi araara yommuu didan, jarsoliin miiraa aarii keessa galuun mammaaksota kana isaanitti mammaaku. Mammaaksonni kunniinis human ofitti aaruu, qaama biraa immoo ifachuu, qeequu, tuffachuu, dheekkamuufi

balaaleffachuu kan ofkeessa qaban waan ta'aniif namoonni waldhaban sun akka jarsoliif abboomamuun murtoo isaanii fudhatan taasisu. Karaa biraan, mammaaksonni kunniin araara diduun jaarsa araaraa kabajuu dhabuu, safuu eeguu dhabuufi jireenya hawaasumma ofii miidhuu akka tahe kan ibsanidha.

Kanaafuu, gahee qaamota waldhaban ifachuufi qeequun yaada jaarsolii fudhachiisuu olaanaa qabu. Kunis, kan madde ergaa isaanii irraa yoo ta'u, ergaan isaanii jaarsummaarratti yommuu mammaakamaniis jaarsummaa nama hintaanee taa'uun salphinaaf akka nama saaxiluu (M-14)fi waan bu'aa hinqabnetti, yookaan ija kennuu hindandeenyetti dhama'uun gowwummaa akka ta'edha (M-15).

"Muraa ooluun guuraa ooluudhaa" jedhan (M-16).

"Rigaa oolaniif eeleen hinaddaattu jedhan (M-17)

Mammaaksonni kunniin (M-16, M-17) immoo afgaaffii adeemsifameen akka fakkeenyaatti kaafamuun kan mammaakaman yoo ta'an, akka raghimtoonni sun ibsanitti, yeroo baayyee bakka dubbiin itti dafee afaanii nama hindhumne; fakkeenyaaf, kan akka jaarsummaa irratti kan mammaakamanidha. Sirna raawwii jaarsummaan walqabatee gaheen isaaniis: dubbii gabaabsuufi murtoo kennuun barbaachisaa akka ta'e akeekuudha.

Gaheewwan isaanii kunniinis ergaa isaanii irraa kan maddan yoo ta'an, ergaam mammaaksota kanaas dubbii baayyisuufi callisanii yaada dhihaatu dhaggeeffachuun dubbii dabaluu malee dubbii fixuu hinta'u waan ta'eef, murtoo kennuun barbaachisaa ta'uu kan dha'amanidha. Karaa biraan immoo adeemsa waldhabdee furuu keessatti yaada qaamota waldhabanii fudhachuufi dhaggeeffachuu baayyisuun dubbii waan bal'isuufi jabeessuuf barbaachisaa akka hintaane akeekkachiisuufidha.

"Dubbiin kan abbaa dhugaati, dhugaan kan Waaqatii" jedhan (M-18).

Mammaaksi kun (M-18) immoo daawwannaa qoratichi sirna raawwii jaarsummaa 05/21/2022 adeemsifamee irratti argamuun taasise irratti kan himame yoo ta'u, galumsi inni keessatti himames qaamonni waldhabdeen gidduutti uumamee jaarsi araarsuuf taa'e ijoo dubbii jaarsa jalaa balleessuun walhaaluufi jaarsa haaluu baayyisuu isaanii ture. Kan mammaaksi kun mammaakames dhugaa hindhoksiinaa, dhugaa hinhaaliinaa jechuun

akeekkachiisuufidha. Karaa biraan immoo Waaqni abbaa dhugaaf dhugaa isaa waan galchuuf, kan dubbii haaluu immoo gatii guddaafi aarsaa jabaa baasuu akka danda'u akeekuun fulduree isaanii yaaduun akka dhugaa hindabsineefi dubbii hinhaalle taasisuuf kan mammaakamedha.

Mammaaksi kun akkuma mammaakameefi ibsi balballoomsu, yookaan jabeessu gabaabaan irratti kennameen qaamonni waldhabadeen gidduutti uumamee ture sun miiraa tasgabbii keessa seenuun dubbii jaarsolii dhaggeeffachuu eegalan. Sababiin isaas, mammaaksi kun humna akeekkachiisa cimaa kennuufi fuulduree ofii ilaalchisuun sodaa nama keessatti uumuu olaanaa waan qabuufidha. Walumaagalatti, mammaakamuun mammaaksa kanaa namoonni waldhabanii turan sun miira keessaa bahuun jaarsolii dhaga'uu akka qaban, dhugaa maqsuufi haaluu irraas akka ofqusatan taasisee argameera.

GOOLABA

Oromoon Maccaa waldhabdee walii isaa gidduutti uumamu duudhaalee waldhabdee furuu aadawaa ta'an garaagaraatti kan bal'inaan dhimma ba'aa tureefi jirudha. Kanneen keessaa jaarsummaan tokkodha. Jaarsummaan kunis, kan raawwatamu bal'inaan jarsolii araaraa, yookaan jaarsolii biyyaafi abbootii Gadaa qaamota jedhamuun beekamaniinidha. Haata'u malee darbee darbee maanguddootaan, haadholiifi qaamota hawaasaa biroon yeroon itti raawwatamus nijira. Baayyinni jaarsolii araaraa jaarsummaaf ta'aanis yeroo baayyee shan (5), yookaan sagal (9)dha. Kunis, shan Gadaa Shanan, Shanan Latii Oromoo, sagal immoo Tulaa Salgan Boranaa ibsuufidha. Raawwiin sirna jaarsummaa kunis, duudhaalee hawaasaa garaagaraa kanneen akka: eebbaafi filannoo guyyaalee ayyaana qabeeyyiin kan dabaalamedha. Akkasumas, bakkeewwan jiidhinsa qaban filachuun, gaaddisa jalatti (gaaddisa mukeen filatamoo akka: oodaafi qilxuu)fi gorduuba qeetti kan adeemsifamudha. Jarsummaan waldhabdeewwan sadarkaalee xixiqqoo irraa kaasee hanga sadarkaalee ulfaatootti; fakkeenyaaf, gumaa, waldhabdee qomoofi sanyii gidduutti uumamee, duguuggaa sanyiifi kanneen biroo marayyu furuuf kan itti dhimma ba'amudha.

Adeemsa jaarsummaan waldhabdee furuu keessattis dubbii ofiitti human gochuufi miira ofii ibsachuuf gooroowwan afoolaa garaagaraa kanneen akka: mammaaksotaa, durduriiwwanii, baacoowwanii, seenduriiwwanii, tabaalliiwwaniifi ragamtaalee himuu. Himamsoota kanaanis, dubbii qajeelfatu, kanneen waldhabanis

akeekkachiisu, ifatu, qeequ, safuus barsiisu. Himamsoota kanneen keessaa mammaaksi kan bal'inaan jarsummarratti itti dhimma ba'amu yoo ta'u, jarsoliin ittiin murtoo jaarsaa fudhachuun araara buusuun duudhaafi safuu hawaasichaa akka ta'e ibsu. Kana malees, ittiin maddeen, yookaan sababoota waldhabdee sadarkaa isaanii gad buusanii addeessuun miiraa namoota waldhabanii tasgabeessu. Dabalataanis, ittin miidhaawwan dhugaa maqsuun, haaluuniifi araara diduun fulduree ofiirratti qabu hubachiisu.

WABILEE

Araba Abdella and Birehanu Amenew (2008). Customary Dispute Resolution Institutions in Oromia Region: The Case of Jaarssa Biyyaaa. In Alula Pankrust. and Getachew Aseffa (Edn), *Grass root Justice in Ethiopia: The contribution of customary Dispute Resolution.* Addis Ababa: United Printers Plc.

Asmarom Leggesse (2000). *Oromo Democracy: an Indigenous Political System.* Asmara Eritrea: Red Sea printing Press.

Bercovitch, J. (1990). *Social Conflict and Third Parties.* Boulder, Co: "Wesview Press.

Berhanu Matthewos (1986). "An Analysis of Kambta Proverbs." Unpublished M.A Thesi Addis Ababa: Addis Ababa University.

Borua, P. C. (1962). *Assamese Proverbs.* Calcutta: Nabajiban Press.

Coyle, M., Garside, P. and Peck, J. (1991). *Encyclopedia of Literature and Criticism.* New York: Routledge.

Coffin P. and H. Cohen (1966). *Folklore in America.* NewYork: Doubleday and Company, INC.

Creswell, J. (2009). *Research Design*: *Qualitative, Quantitative and Mixed Approaches* (3rd ed). Los Angeles: SAGE Publications, Inc.

Dejene Gemechu .(2002). Some Aspects of Conflict and Conflict Resolution Among Waliso Oromo. Unpublished MA Thesis at Addis Ababa University.

Dorson, R. M. (ed.) (1972). *Folklore and Folk life: An Introduction.* Chicago: The University of Chicago press.

Fayemi, Ademola K. (2008). Deconstructing Proverbs in African Discourse: The Yoruba Example. Afroeuropa 3, 1 (2009). Journal of Afroeuropean Studies. Lagos State University, Ojo: Lagos

Finnegan, R. (2012). *Oral literature in Africa: World oral literature series* (Vol. 1). UK: Open

Fisher, S., Ludin, J. and Williams, S. (2000). Working with Conflicts: Skills and Strategies for Action.Trisit Girshawed.

(2002). Ethiopia s Experience of working on Conflicts (workshop on Conflict Prevention, Nazreth 16th – 20th of Dec. 2002. 6

Gowok, S.M. (2008). Alternative Dispute Resolution in Ethiopia - A Legal Framework. African Research Review, 2(2), 265-285

Kerschen, L., (2012). *American Proverbs About Women*. First Edition. USA: BookLocker.com, Inc. (http://www.booklocker.com/p/books/6282.html?s=pdf)

Malan, J. (1997). Conflict Resolution Wisdom from Africa. *African Centre for the Constructive Resolution of Disputes (ACCORD).*

Mamo Hebo (2006). *Land, Local custom and State Policies: Land Tenure, Land Dispute and Land Dispute Settlement among Arsii Oromo of Ethiopi*a. Kyoto: Shoukadoau Book Seller.

Mapara, J. (2009). Indigenous Knowledge Systems in Zimbabwe: Juxtaposing Postcolonial Theory. The Journal of Pan African Studies, 3(1), 139-15

Mieder, W. (2004). *Proverbs: A handbook.* Westport, CT: Greenwood Press.

Omolewa, M. (2007). Traditional African modes of education: their relevance in the modern world. *Journal International Review of Education,* 53, 593–612.

Wilmot, W. W. & Hocker, J. L. (2007). *Interpersonal Conflict* (8th ed.). Boston: McGraw Hill.

Yisa Kehinde, Yusuf (1997). Yoruba Proverbial Insight into Female Sexuality and Genital Mutilation. *Journal of African Studies, Critical Sphere,* 1&2, 118-127.